
# Qajeelfama Suuraa Buuqataa “Fall”- Adda Baasuu




Buuqattoonni warreen ga’eessa dhaltuu kutaawwan baalaa isa gajjallaa irratti hanqaaquuwwan 100-200 buusu. Osoo hanqaaqu keessaa hinba’in dura, halluu magarisaa irraa gara hanga ta’e daammii ta’etti jijjiiramu.




Hanqaaquuwwan gogaa ittiisaa garaa fuutuuwwan irraa argamaniin haguugaman.




Eega hanqaaqu keessaa ba’an booda, buuqattoonni warreen haaraa dhalatan, baalawwan nyaachuu jalqabu.




Yammuu guddatanu, buuqattoonni halluu hanga ta’e magariisa ta’e irraa gara daammiitti jijjiiramu.




Buuqattoonni “Fall” kutaawwan qaama isaanii isa lammaffaa irraa hanga dhumaa jiranu irratti tuqaawwan afur iskweerii uumanu ofirraa qabu.




Buuqattoonni “Fall” mataa gurraacha, fuuldurri isaa “Y” gadi garagalaa halluu dalachaa/daaraa ta’e qabu.




Buuqattoonni kun badii garmalee kan qaqabsiisanu yammuu dheerinni isaani seentiimeetrii 3-4 ta’uudha.




Puupaan halluu daammii calaqisuu qaba; kana malees yeroo hedduu biyyee keessa seentimeetrii 2-8 galee argama.




Fuutuuwwan warren ga’eessaa(gubbaa: dhaltuu; gadi: dhalaa). Warreen dhaltuu hanga ta’e warren dhalaa irra guddattu.

Buuqataa “Fall” ilaalchisee odeeffannoo dabalataaf, weebsaayitii kanilaali
**www.plantwise.org/fallarmyworm**

**KNOWLEDGE FOR LIFE**

# Qajeelfama Suuraa Buuqataa "Fall"-Badiinsa



Baalawwan yammuu buuqattoota reef dhalataniin nyaatamanu gartokkeen isaanii waan ciccituuf of keessa dabarsuun waan agarsiisanuuf/waan qaawwalee qabanuuf "windows"/ foddaa" jedhamu.



Buuqatoonni warreen reef dhalatan kirrii arrii warra qileensa qabu dandaa'anu foo'uun buuqataawwan gara biqiltuu haaraatti geessu.



Geengoon biqiltuu buuqataan nyaatame yammuu diriiru, sararawwan walfakkaataa qaawaalee meeshaa waraanaan rukutame fakkaatanu uumuu danda'au.



Yammuu guddatanu, buuqattoonni "Fall" dhaabbataan gara geengoo biqiltuu deemu. Kana jechuun weeraramuu biqiltuu dursaa addaan baasuun rakkisaadha.



Biqiltuun buuqataan nyatamuun isaa akka geengooniifi baalawwwan irra keessaa qaawaalee hedduu, qarqaraawwan baalaa cicittanuufi xeeqqoon("frass") buuqataa irratti kuufamu gochuu danda'a.



Yeroo hedduu, buuqattoonni cinaa qorodaa/ashuudaa uruun/holquun badii geessisu.



Biqiltuun yammuu buuqataa "Fall"n faalamu, akka daraaroonnifi (tassels) sanyiiwwan/ijawwan (kernels) boqqolloo qancaranuufi badanu godha.



Yammuu buuqatoonni cina qorqoddaa/ashuuddaa uranu, badiinsi sanyiiwwan irratti qaqabu akka jarri tortoranu godha.



Boqqolloo buuqataa "Fall"n miidhame harkaan qabuu.

Buuqataa "Fall" ilaalchisee odeeffannoo dabalataaf, weebsaayitii kana ilaali
www.plantwise.org/fallarmyworm

KNOWLEDGE FOR LIFE